

## Duudhaalee Gadaa Oromoo Nagaafi Nageenya ‘Waarsuu’ Keessatti Gahee Qaban

Adaanaa Addunyaa<sup>1</sup>

### **Axereera**

*Qorannoonaan kun duudhaalee Gadaa Oromoo nagaafi nageenya waarsuu keessatti gahee qaban xiinxaluun dhiyeesse. Qorannoonaan kun mala akkamtaa fayyadame. Qorannoonaan kanaaf ragaaleen funaanaman mala iddatteessuuakkayyoo fayyadamuuni. Ragaaleen mala afgaaffii, marii garee xiyyeefatamaafi sakatta'a barruutiin funaanaman. Ragaalee funaannaman maleenyaa seenaa deebisanii ijaaruu (Historical-Reconstruction Approach) fayyadamuun kan xiinxalamaniidha. Xiinxala ragaalee taasifameen Oromoonaan nagaafi nageenya waloo isaa waarsuuf duudhaalee Gadaa “Safuu, Ilaaf-ilaamee, Koottu dhufeefi sii-galeefan jedhee” akka fayyadamu adda bahanii jiru. Duudhaalee kanneen immoo, jaarmiyaalee Gadaa Jaarsa/Araara, Qaalluu, Shanacha-Sagliifi Seera Lukaatiin itti fusiiisaa ture. Ta'us, dhiibbaalee keessoofi alaan, hubannaah dhaloonti duudhaaleefi jaarmiyaalee xabboof qaban haphachuuifi shira siyaasa ammayyaa wajjin walitti madaqsuu hanqachuun duudhaalee kanneen hojiirra oolchuu irratti gusuun mudateera. Bu'aan qorannoonaan, qe'een Oromoonaan nagaafi nageenya waaraatti deebi'uuf duudhaalee xabboo qabutti deebi'uufi dhibdee waloo keessatti hojiirra oolchuu akka qabutu adda bahe. Oromoonaan kaleessa duudhaalee kanneeniin nagaa waaraa qabuufi jaarmiyaalee Gadaan furataa ture har'a haphachuuifi fayyadamuu dhabiuun nimul'ata. Akkasumas, duudhaalee Gadaa dagatameeffi maqe deebisanii akkaataa haalli ammaa barbaaduun ijaarrachuun qe'ee ofiitti nagaa buusuun ollaa waliin nagaan jiraachuun akka danda'amu gochuun nagaafi nageenya waloo Oromoonaan gidduutti waarsuun barbaachisaadha. Yaboon qorannoonaan kanaas, murtoo siyaasaa waloo fudhachuuun duudhaalee Gadaa ganamaa fayyadamuu nagaafi nageenya waarsuun barbaachisaat ta'uu akeeka. Dabalataan, duudhaalee sirna Gadaa akka sabaatti jaarmiyaa (institution) ta'ee osoo dhaabbatee dhibdee sabaaf fala waaraa akka ta'u akeeka. Kanaafuu, duudhaaleen kunneen deebi'anii akka ijaaramaniifi itti fufiinsaan nagaafi nageenya Oromoonaan waaraa ijaaruu keessatti akka tajaajilan dhaabbilee barnootaa sadarkaan jiran cimsuun dhaloonti akka beeku, hubatuufi itti dhimma bahu gochuun keessatti akka qooda fudhatan gochuun daran barbaachisaat ta'a.*

**Jechoota Ijoo:** Duudhaalee Gadaa, Jaarsa Araaraa, Nagaafi Nageenya, Waarsuu

<sup>1</sup> Yuuniiversiitii Bulee Horaatti- Barsiisaa Afaan Oromoofi Ogbarruu (Barataa PhD AAU'tti)

## 1. Seensa

Yaadrimaan nagaa akka aadaa Oromoottti bal'aadha. Kunis, haala jiruufi jireenya uummatichaa wajjin walqabata. Oromoo biratti nagaafi nageenyi waraanni dhibuu osoo hintaane jireenya guyyuu isaati (Tsega, 2012). Kunis, nagaa walgaafachuu, eebba, weelluu/sirba, sirnoota, dubbiifi seeneffama, bulchiinsaafi seera hawaasaa keessatti, mammaaksa, durduriifi seenaa himu kamyuu keessatti nagaa lallaba. Nagaan safuu hawaasummaa (social values) uummatichaati jechuudha. Nagaan Oromoof akka ilaalcha warra dhihaa waraanni dhibuun kan nageenyi argamu osoo hintaane jireenya guyyuu isaa wajjin hidhata cimaa akka qabu hayyooni ni ibsu. Yaada kana Abdurahman (2019:49) haala armaan gadiin ibsee jira.

The Oromo concept of peace is much broader than western conception of peace as absence of violence or war. The Oromo community as one of the largest sub-Saharan African people has values, beliefs, traditions, and institutions that promote peace, tolerance, non-violence, conflict prevention, and resolution through established standards and institutions. It socializes and educates members of the society through peace education at home and participation in socio-economic activities that contributes to collective wellbeing.

Akka ibsa kanatti, Oromoona ilaalchi nagaaf qabu ilaalcha warri dhihaa nagaaf qaban caalaa bal'aa ta'uudha. Nagaafi nageenyi akka jiraatuuf immoo: safuu, amantaa, aadaafi jaarmiyaa nagaa labsu Gadaa, waldanda'uu, tasgabbii, mala waldhabdee hiikuu fayyadamuu isaati hubanna. Waa'ee nagaa kan barsiisuufi labsu manaa jalqabee akka ta'es hubanna. Bakka sochiin diinagdee taasifamutti akkaataa nagaafi nageenyi itti tikfamuufi eeggamuufi qabu walbarsiisa jechuudha. Kunis, nagaan ijoo guddaa uummatichaa ta'uu hubanna. Erga jeequmsiifi haalli jiruufi jireenya boora'ee booda nagaa labsa osoo hintaane dursee (pro-active) raawwata (Filee, 2016). Kanaafuu, qorannoo kana keessatti Oromoonaakkamiin nagaafi nageenya duudhaalee Gadaa fayyadamuu jaarmiyaalee Gadaa keessatti akka ibsuu xiinxalame. Dhiibbaalee safuu hawaasaa (social values) haphachuun nagaafi nageenya qe'ee Oromoo keessatti rakkoo uumame furuu danqametu sakatta'amee dhiyaate.

### 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Oromoona saba Sirna Gadaa waa mara ofkeessatti qabatu qabaachuuun kan beekkamuudha. Kunis, siyaasa, diinagdee, hawaasummaa, nagaafi nageenyafi waraana gaggeessuu danda'u qaba (Asmarom, 1973; Tadesse, 2018). Sirni bulchiinsa Gadaa Oromoona bara 2015 A.L.A hambaa killiyyaa (intangible) Addunyaa ta'uun UNESCO irratti galmaa'ee jira. Haata'u malee, Oromoona duudhaalee sirna Gadaa hojiirra oolchuun qe'ee ofiitti nagaafi nageenya buusuuf dadhabee jira. Kun maaliif ta'e? Sirni qabeenya addunyaa ta'e kun itti fufuuf lafa irratti qabatamaan maaliif dhabna? Dhalootatu duudhaalee kanneen hubachuu hanqate moo duudhaalee kanneentu haala ammee waliin deemuu hanqatan? Akkasumas, duudhaaleen Gadaa Oromoona nagaafi

nageenya buusu keessatti humna akkamii akka qaban, duudhaalee Gadaa fayyadamuun uummanni Oromoo nagaa mirkanoeffachuu maaliif akka dadhabeefi jaarmiyaalee Gadaa duudhaalee kanneen lufsiisaniifi fufsiisan irratti qaawwi mul'atu maal akka ta'e xiinxaluun ka'umsa godhatee qorannoон kun ittiin gaggeeffameedha.

Rakkoon Afrikaa beekumsa Afrikaan furamuu akka qabu qorattooni garaagaraa nibarreessu (Debala, 2017). Oromoornis, duudhaalee beekumsa xabboo nagaafi nageenya isaa buusu nibsu. Garuu, duudhaaleefi jaarmiyaaleen Gadaan qabu kunneen raafama siyaasaa qe'ee Oromoo furuu hindandeenye. Qorannoowwan kana dura hojjetaman gaaffii kanaaf deebii hinkennine. Fakkeenyaaaf, akka Oromoo Gujiitti nagaan, nagaa walgaafannaa, eeba, moggaasa maqaa, mammaaksota, hiibboo, durdurii, sirbootaafi k.k.f keessaan lallabama jechuun Elfineh, (2020) ibsa. Haata'u malee, bifa kanneeniin nagaan lallabamus, har'a duudhaaleen Gadaafi jaarmiyaaleen Gadaa Oromoo waan laafaniifi xiyyeeffannaa dhabaniif nagaafi nageenya sadarkaa dubbii bira darbe lafarra bu'uu hindandeenye. Kanaafuu, qorannoон kun qaawwa gama kanaan jiru duuchuuf yaadameet hojjetame.

Kanaafuu, qorannooon kana keessatti yaadota ka'umsaa kanneen bu'uura godhachuu duudhaalee Gadaafi Jaarmiyaalee Gadaa Oromoo walsimsiisuun nagaafi nageenya waaraa qe'ee Oromootti buusuun akkamiin akka danda'amuufi kallatti fuulduraa akekkuu qorannooon ibsu hinjiru waan ta'eef qorannoон kun qaawwa gama kanaan jiru guutuuf karoorfamee hojjetame. Fakkeenyaaaf; Debala (2017), Aseba fi Tadesse (2018), Abdurahman (2019), Elfineh (2020), fi k.k.f akkaataa Gadaan Oromoo nagaafi nageenya ijaaruufi buusu keessatti qabu qoratan duudhaalee Gadaa Oromoo bifa hammatee qorachuu hanqisanii jiru. Kunis, duudhaaleen Gadaa Oromoo giddu seentummaa qaama alaa malee mariin nagaafi nageenyaaf hojjetu ilaaluu hanqisanii jiru. Qorannoон kun immoo qaawwa gama kanaan mul'atu guute. Haaluma kanaan gaaffileen bu'uuraa qorannooon kanaan deebii argatan kanneen armaan gadiiti. Isaanis;

- Duudhaaleen Gadaa nagaafi nageenya waaraa buusu keessatti hagam humna qabu?
- Jaarmiyaaleen duudhaalee Gadaa Oromoo kanneen lufsiisaniifi fufsiisan maalfa'i?

## 2 Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannooon kanaa “Duudhaalee Gadaa Oromoo nagaafi nageenya ‘waarsuu’ keessatti gahee qaban” xiinxaluudha. Bu'uuruma kanaan kaayyoowwan gooreen qorannichaa kanneen armaan gadiiti.

- Humna duudhaaleen Gadaa Oromoo nagaafi nageenya waarsuu keessatti qaban ibsuufi
- Jaarmiyaalee duudhaalee Gadaa Oromoo lufsiisaniifi fufsiisan adda baasuun ibsuudha.

### **3 Sakatta'a Barruulee Walfakkii**

#### **3.2 Yaadrimee Nagaafi nageenyaa**

Nagaan yaadrimee bal'aa akka ofkeessaa qabu seensa jalatti ibsame jira. Kunis, aadaa Oromoo biratti nagaan hariiroo cimaa maatiirraa kaasee ijaaramaa deemuudha. Oromootu nagaan manaa ka'a jedha. Kunis, “*Akkam bulte*” jennaan, “*Ollaa akkam bultee beeka; akka itti bule abbaatu beeka*” jedhe. Yaadni kuni, akka itti bulan sun waan irra-keessa (qaamaan) mul’atu osoo hintaane keessoo qaamaafi xiinsammuu, maatiifi waatii, daa’aa (kaawoo) fi daa’imman hammachuu isaati. Yaada kana kan cimsu Mekuria, (2011:261) akkana jechuun ibsa. “*With in relations to the family, the absence of ‘nagaa’ denotes lack of love among its members, in reference to a neighbourhood or community its absence denotes lack of concord or lack of social and moral order.*”

Yaada kanarrraa kan hubannu, nagaan kan alaan mul’atu qofaa osoo hintaane keessoo nama dhuunfaa, miseensa maatii wajjin illee nagaan ooluufi buluu akka gaafatuudha. Namni maatii keessatti nagaa hinqabne nageenya safuu hawaasaaf (social moral order) rakkoo ta’uu hubanna. Kanaafuu, Oromoo biratti nagaan gocha guyyuu keessa jira. “*Nagaan kennaa Waaqaati – Nagaa is of Waaqa – Eebba Waaqati*” (Isuma). Nagaa eeggachuuf immoo, nagaa yaaduu, nagaa dubbachuu, nagaa hojjechuutu barbaachisa.

Nagaan waan hawwaniif qofaa argama osoo hintaane nagaa jaalachuu, barbaaduufi nagaaf aarsaa baasuun argama. “*Peace is not a free gift*” (Aseba fi Tadesse, 2018). “*Peace is not just the absence of conflict; peace is the creation of an environment where all can flourish, regardless of race, colour, creed, religion, gender, class, caste or any other social markers of difference*” (Nelson Mandel cited in United Nations, 2020:5). Yaadni kunis, nagaan lolli dhabamuu osoo hintaane naannoo namni kamiyyuu sanyiin, bifaan, amantiin, korniyaan, gitaan, kutaafi agarsiistuu hawaasummaan hinrakkatin keessa jiraatuufi walhoru uumuu ta’uu nu hubachiisa. Akkasumas, nagaan xiinsammuu, hawaasummaa, siyaasaa, naamusaafi ayyantummaa dhalli namaa ofiin, namaa namaan, gareefi garee addunyaaleessaan qabaatu ta’uu Elfineh, (2020) nibsa.

#### **3.3 Duudhaalee Sirna Gadaa**

Sirni Gadaa duudhaalee garaagaraa qabaachuun beekkama. Isaanis: Safuu, Ilaaf-Ilaamee /Koottuu-Dhufeedha. Duudhaalee kanneen immoo, karaa jaarmiyaalee (institutions) Gadaa Jaarsa/Araaraa, Shanacha-Saglii, Qaalluufi Seera-Lukaa jedhamaaniin hojiirra oolcha (Filee, 2021:230-233). Duudhaaleen kunneenis armaan gadiitti dhiyataniii jiru.

##### **3.3.1 Safuu**

Safuu akkaataa uummanni tokko jirenya isaa ittiin moo’atu, to’atu, walkabajuu, uumaafi uumama safeeffatuudha. Safuu waan gaarii hawaasni tokko jaalatuufi waan

badii hawaasichi jibbu ofkeessatti qabata (Filee, 2021). Yaada kanarraa kan hubannu, Safuun yaada sammuu ilmoo namaa keessaa maddu ta'ee, namni tokko ittiin ibsamuudha. Dabalataan, Gemedchu (1993) Safuu qabaachuun akkaataa seera jiruufi jirenya abboota ofiitti jiraachuu ta'uun ibsa. Bartels (1983) immoo qorannoo amantii Oromoo Maccaa irratti qorateen, Oromoona waan dhagahe tokko gaariis ta'u hamaaf "Safuu" jechuun akka ibsatu ibsa.

Yaadota kanarraa kan hubannu, Safuun handhuura jiruufi jirenya uummata Oromoo ta'uudha. Gadaa Oromootu duudhaa safuun qajeela. Safuun hinjiru yoo ta'e, namoomatu bada. Namoomni yoo bade akka feeteetu dagaaga. Akka feeteen yoo dagaage naatoon dhabameet nagaafi nageenyi ilmoo namaa gaaffii keessa gala. Haala qabatamaa ammaa keessatti Safuun Oromoona dhaloota biratti waan haphachaa jiruuf duudhaan waldhaggeeffanna waan haphateef nagaafi nageanya sabaafi biyyaa dubbachuun ulfaataa jira.

### **3.3.2 Ilaaf-Ilaamee ykn Koottu-Dhufee**

Ilaaf-Ilaameen ykn Koottu-Dhufeen duudhaa nagaan waarsuu Oromoona itti dhimma bahuudha. Kanas, mala jaarsoliin biyyaa hubannoo araaraa qabaniifi obsa qaban filatamanii qaamota waldhabdee qaban walitti fiduun hirmachiisanii, walfalmisiisanii, kaksiisanii, waadaa itti tumuun nagaa buusaniidha. Duudhaan kun waldhabdee furuuf jiruufi jirenya hawaasummaa qaama waldhaban kanneen haala gaariifi haaloo malee yeroo dheeraa waliin akka jiraataniif mala filatamaadha (Filee, 2021).

Tooftaa dhibdee furuu akkanaa keessatti mo'uufi mo'amuun hinjiru, hunduu injifataadha. Kana jechuun "Win – all – lose – all" jechuudha (Mekuria, 2011). Yaadni kun eenyutu eenyu injifata akka jechuuti. Bu'urri 'Dhugaa' irratti waliif galuudha. Dhugaan hinjiru taanan nagaan hinjiru yaadama jedhuun hubatama. Aadaa Oromo biratti sadarkaa kamittuu waldhabdeen araaraan xumurama. Haata'u malee, yeroo ammaa sirni kun haphataafi laafaa dhufee jira.

Ilaaf-ilaameen ykn Koottu dhufeef waliigaltee qaamota lamaan gidduutti fedhiin raawwatuudha. Yaada kana Dajanee (2002: 69) Asefa (2001) wabeeffachuuun akkanatti ibsee jira. "*Ilaaf-ilaamee indicates the very procedure of the negotiation. 'Ilaa' means 'look' or 'listen' uttered by one of the two parties to start talking. It is a way of calling for attention. The second party uses 'Ilaamee' to respond to the first one. The suffix 'mee' approximately means 'please', simply qualifies the politeness of the approach.*" Yaadni kun yaadan qaamoni lamaan walii galanii dhimmicha irratti fuulaaf fulattu dubbachuu isaaniiti agarsiisa. Mee na dhagahi sin dhagahaa ofkeessaa qaba. Kanaafuu, duudhaan kun jiraachuu Gadaa Oromoof akektuu yoo ta'es qabatamaan rakkoo qe'ee Oromo keessaa ittiin furachuun maaliif dadhabame kan jedhu qorannoo kana keessatti deebii argatee jira.

### **3.3.3 Danqaalee Duudhaalee Sirna Gadaa Mudatan**

Sirni Gadaa Oromoo haala ammaafi illeenyaa ammaa keessatti fayyadamuuf wantootni danqaalee ta'an nijiraatu. Kunis, danqaa keessoofi alaan sirnicha mudatan ta'u. Yaada kana sirna Gadaa haaromsun haala ammaa keessatti fayyadamuuf bu'aaleefi danqaalee mudatan Tasammaa (2021:124) akkaataa armaan gadiitiin ibsee jira.

- A. Beekumsa/hubannaah gahaa dhabuufi aangoo humna siyaasaa ittiin sirna Gadaa iddootti deebi'u dhabuu. As keessatti wanti ulfaataan duudhaalee siyaasaa, hawaasummaa, amantiifi diinagdee akka sirna Gadaatti deebisanii fayyadamuu ulfaataa ta'uudha. Kana keessatti rakkolee walxaxaa ta'an kanneen bakka lamatti quoduun ilaaluun nidanda'ama. Isaanis, rakkoo hubannaafi rakkoo bulchiinsaati.
- B. Bakka adda addaatti hambaaleen sirna cunqursaa wiirtuulee sirna Gadaarratti waan hundeffamaniif sirna Gadaa haaromsun jechuun hiika hambaalee kanaa diiguu qaba jedhamee yaadamuudha.
- C. Hambaaleen sirna Gadaa waan dhabamaniif beekumsi gahaan ittiin gurmuu hiriyyaa, Caffee Gadaa, akkasumas duudhaalee sirna Gadaa deebisanii hundeessan rakkisaa ture.
- D. Walitti bu'iinsi fedhii Oromoorn "Akka Gadaatti" qabuufi Itoophiyaan akka ammayyaatti (western) qabduuti. "Akka Gadaatti" jechuun Sirni Gadaa hundee Oromummaati ilaalcha jedhu ofkeessaa qaba. Gadaan qarooma Oromooti jechuudha.

Kanaafuu, haaromsa Gadaa jechuun waan Oromoorn aadaa ofii seenaa keessatti dhabe aboo siyaasaan deebisanii ijaaruufi fayyadamuu jechuudha. Haala amma Oromoorn keessa jiruun garuu, duudhaalee Oromootti fayyadamuuf jaarmiyaalee Gadaan itti fufsiisuu keessatti qaawwii guddaan mul'atee jira. Kunis, hubannaan dhalooni duudhaaleefi jaarmiyaalee Gadaaf qabu haphachuu, duudhaaleefi jaarmiyaalee sirna Gadaa siyaasa Itoophiyaafi Oromoorn keessatti fayyadamuuf sodaachuu, dhalooni sadarkaa Gadaa keessatti guddachuu dhabuufi duudhaaleefi jaarmiyaalee Gadaa idileessuun haala ammayyummaan barbaaduutti madaqsuu dadhabuun nagaafi nageenya waarsuu keessatti hanqatee jiraachuu hubachuun nama hinrakkisu.

### **3.4 Maleenyaa Qorannichaa (Research Approach)**

#### **3.4.1 Maleenyaa Seenaa Deebisanii Ijaaruu (Historical-Reconstruction Approach)**

Maleenyaa seenaa deebisanii ijaaruu dheerina yeroo irraa kan ka'e beekumsa xabbo (Fookloori) dagataman haala illeenyaa (ideology) ammee keessatti barbaadamuun deebisanii jajjabeessuu ilaalcha jedhu oofkeessaa qaba. Kunis, Fookloori (beekumsa hawaasaa) dura turan illeenyaa bara ammaa wajjin deemuu kanneen danda'an keessaa filatanii fudhachuu qabiyyeen isaanii hawaasaaf akka tajaajilan gochuudha.

Duudhaalee hawaasaa (social customs) sirnoota, afoola hawaasa deebisanii fayyadamuun rakkoo ammee furuu keessatti hojiirra oolchuu ilaalcha jedhu ofkeessatti qabata (Dorson, 1963). Kanaafuu, qoranno kana keessatti maleenyaa kun duudhaalee

Gadaa Oromooon qabu jaarmiyaalee sirnichaa keessaa fudhachuun haala qabatamaa Oromooon amma keessa jiruun nagaafi nageenya sabichaa waarsuu ifti fayyadamuu keessatti nifayyada. Qorannoo kanaafis maleenyaa filatamaadha.

#### **4 Xiinmalleen Qorannichaa**

Qorannoonaan kun saxaxa qorannoo ibsaa hojiirra kan oolche yoo ta'u, mala iddatteessuu akkayyoo (qualitative research sampling) fayyadame. Qorannoonaan kun madda ragaa jalqabaafi lammaffaatti fayyadame. Meeshaaleen funaansa ragaalee afgaaffii (afgaaffii hindaangeffamneefi gamisaan daangeffamaa), marii garee xiyyeffatamaafi sakatta'a barruutiin funaannamanii jiru. Iddattoon qorannichaa mala iddatteessuu akkayyoon kan filatame yoo ta'an, afgaaffii namoota 20 Magaalaa Shaggar Kuta Magaalaa Sabbataatti gaggeeffame. Iddattoon kunis abbootii Gadaafi dargaggoota kan hammateedha. Marii garee xiyyeffatamanis namoota baay'inaan 5 of keessatti qabateen raawwatame. Jamaa waliigalaa keessaa namoonni afgaaffifi marii garee xiyyeffatamaaf iddattoo akkayyoon filataman ragaalee barbaadaman haala gahaa ta'en kenu jedhamanii kanneen yaadamaniidha.

Ragaalee walitti qabaman maleenyaa seenaa deebisanii ijaaruu fayyadamuu xiinxalaman. Walumaagalatti, qorannoonaan kun gosaan qorannoo akkamtaa yoo ta'u, ragaalee argaman akkamii isaanii xiinxaluun ija seenawaa deebisanii haala yeroo ammee wajjin walsimsiisuun fayyadamuu danda'uun qoratame. Qorannoonaan kana keessatti ragaaleen madda jalqabaafi lammataa irraa argaman akkaataa naamusa qorannoo eegeen qaama qorannichaafi wabii keessatti sirnaan dhiyaatanii jiru.

#### **5 Xiinxala Ragaalee**

##### **5.1.Duudhaaleen Gadaa Oromoo Nagaafi Nageenya Waarsuu Keessatti**

###### **5.1.1. Duudhaa Safuu**

Akka ragaalee afgaaffii, marii garee xiyyeffatamaafi sakatta'a barruu irraa argamaniitti Safuu yaadrimi Waaqaaf bitamu ofkeessaa qaba. Namni Waaqaaf bitamu nagaa jaallata, Namni nagaa jaallatu nageenya buusa jedhu. Yaada kana Mekuria (2011:265) Gemechu (1996) wabeeffachuun akka ifti aau kana jechuun mirkaneesee jira. "*Understanding the concepts of Safuu – Moral ethics, nagaa – peace and harmony, and araara – concord, is very important in undersatning not only the evolution of Oromo religions thought and practice but also the evolution, development and continued existance of the Oromo society at large*" jedha. Akka duudhaa Oromootti, namni eebbifamaan nama safuu (moral) kabajuufi eeguudha. Namni safuu cabse nama cubbuu dalage jedhameeti fudhatama. Nama cubbuu dalage immoo Waaqni ayyaana isaa irraa fudhata jechuun Dirribii, (2016) dabalee ibsa.

Kanaafuu, yaadrimi olii irraa kan hubannu, duudhaa Oromoo biratti safuu kabajuun Safuu Waaqaa eeguu (Seera Waaqatti buluu), Safuu lafaa kabajuu, Safuu abbaafi haadhaa eeguu, Safuu xiqlaafi guddaa eeguudha. Oromoo biratti namni nagaan nagaa yaada, nagaa hojjeta, nagaa eega. Namni akkanaa immoo heera Waaqafi seera

namaatti waan buluuf Waaqa waardiyaa nagaa uumamaa ta'ee waliin walii gala. Ofiifis naatoo waan ofiif qabuuf namaafi uumama birootiif naatoo qabaata. Kanaaf, nageenyi akka dhabamuuf sababa hinta'u.

Akka ragaan afgaaffii irraa argame ibsutti, haala qabatamaa amma Oromoone keessa jiruun safuufi safeeffannaan haphatee jira. Dhalooni safuu dagateeti nagaan haphate. Dhalooni "Akka bare dhiiseeti, akka baraatti" bullaan duudhaan dabde. Akka baran buluun duudhaalee ganamaa ofii eeguudha, waldhagahuudha. Akka baraa buluun waan barri fide faana dhahuudha. Sun immoo duudhaalee gatuu osoo hintaane ofqabatanii dhaquutu fala. Safuun hinjirreen akka hindalagamne, akka maleefi aadmaleen akka hindagaagne tiksa. Uumaan akka hinmancaane eega ture. Amma garuu, dhalooni jechaafi gochaan safuufi safeeffanna eeguufi eegsisuu waan hanqateef nagaafi nageenyaaaf bakka dhabaa jira.

Kanaafuu, qorannoo kanaan xiinxala ragaalee argamanii raawwateen maddi nagaafi nageenyi qe'ee Oromoo keessatti waaruu/itti fufuu dadhabuu (sustainable peace) safuufi safeeffannaan ganamaa haphachuun waldhaggeettiin, kabajni guddaafi xiqqa, beekaafi wallaala gidduutti dhabamuut ta'uu agarsiisu. Safuun yoo eeggome, kabajni jiraate nagaan jiraata.

### **5.1.2. Duudhaa Ilaaf-Ilaamee Ykn Koottu-Dhufee**

Akka ragaaleen afgaaffifi maree garee xiyyeffatamaan irraa argaman ibsaniitti, Oromoone jiruufi jirenya isaa keessatti saba gaaddisa taa'ee dhibdee jiru mariin furatuudha. Kana keessatti duudhaa 'Ilaaf-ilaamee' ykn 'Koottu-Dhufee'tti dhimma bahee mari'ata. Kunis, Ilaaf-Ilaameen yaadumti isaatu walii galuu, waldhagahuudha. Obsa, jaalala, quuqama, rifannaa, naatoo ofkeessaa qaba jechuun ibsu rageertoonni. 'Koottu' yoo jedhu 'Dhufe' waliin jedha. "Koottu jennaan dhuftee?" jedhee walgaafata. Inni gamaan jirus "Eeyyee dhufe" jedha. "Akka ati dhufte Nagaan, Nageenyi haa dhufu" jedha deebisee walii galuun mariitti gala jedhu rageertoonni afgaaffiin dhiyaateef.

Yaada armaan olii kana mammaaksa Oromoone mammaakun yoo ibsinu, "Warri marii qabu dullacha qaleet; warri marii hinqabne dorrobaa qale" jedhuun ibsuu dandeenya. Ta'us, akka ragaan afgaaffii qorannoo kanaaf taasifame irraa argame ibsutti, Oromoone bara kanaa warra dorrobaa qale ta'e. Dorrobaa (Goromsa/sa'a rimaa) qaluun hormaata hankaaksuudha. Warri marii hinqabne hubannaa waloo hinqabu. Kanatu qe'ee keenya nagaa dhoowwe, duudhatu bade jedhani. Dhaloota dubbatu horanneeti dhaloota waldhaggeeffatu dhabne jedhani.


Kanaafuu, Ilaaf-Ilaamee ykn Koottu-Dhufee Oromoo kan mancaase aadaa siyaasaa biyya Impaayera Itoophiyaafi rincicummaa mooraa qabsoo Oromooti. Siyaasni Impaayera Itoophiyaa shira waan iftoomina ofkeessaa hinqabneen guutamaadha. Mooraan qabsoo Oromoo immoo shakkiin kun waan jiruuf shira kana baqata. Gidduutti nagaafi nageenyi qe'ee Oromoo marga Arbaan wallolu lamaan gidduu ta'ee hafe. Falli

jiru duudhaatti deebi'uun Oromoont waldhagahuun marii 'Ilaaf-Ilaameef' bakka qabaachuu akka qabu hubanna. Kana hintaane taanan lallaba gowwaa firri laphee qabataa ta'ee hafe nagaafi nageenyi qe'ee Oromoo.

### 5.1.3. Duudhaa Sii galeefan jedha

Akka ragaan maree garee xiyyeffatamaa irraa hubatameetti, duudhaan kun adeemsa 'Ilaaf-Ilaamee' keessatti yaadaan walhubanna qabaachuu agarsiisa. Waliigaltee (harmony) qaamota lamaan gidduutti uumamuu agarsiisa. Jaarmiyaaleen Gadaa Jaarsi araaraa, Shanachi-Sagleen, Seera Lukaa keessattis '*Sii galeefan jedha*' jechuun dhimma irratti dubbatan sana gara tokkotti fiduu mul'isa.

Akkuma Oromoont yoo mammaaku "Walii galan; alaa galan" jedhu sana adeemsa dhimmoota waloo, dhibdee ollaa, gosaafi sabaa keessatti nagaafi nageenya waloo Oromoont waarsuu (sustain) keessatti sii galeefan jedha jechuun dirqama ta'uu hubanna. Sababaa 'Koottu-Dhufee' hinjirreef, sii galeefan jedhan dhibe. Kunneen immoo qe'ee Oromootti nagaafi nageenya haphise. Haalli kunneen immoo duudhaalee Gadaa Oromoont kaleessa qabu akka haphatan taasise. Duudhaaleen Gadaa ganamaa haphachaafi tajaajilummaan isaanii hir'achaa deemuu Gadaan Oromoont kaleessa nagaa buusuun beekkamu bakka dhabaa deemuu akeeka. Kanaafuu, Oromoont Gadaa qaba jechuu qofaa osoo hintaane duudhaalee Gadaan kaleessa ittiin beekkamu qabatamaan fayyadamnee mul'isuu qabna kan jedhu yaboo xiinxala kanaati.



**Danaa 1.** Duudhaalee Gadaa Oromoont mul'isa (Qoratichaan caayeffame)


## 5.2.Jaarmiyaalee Duudhaalee Sirna Gadaa Lufsiisianniifi Fufsiisan

### 5.2.1. Jaarsa Araaraa

Bu'uura rageertoota afgaaffii, marii garee xiyyeffatamaafi sakatta'a barruuleen Jaarsi araaraa aadaa nagaafi nageenya Oromoont buusuun keessatti jaarmiyaa guddaa baroota dheeraa rakkoo keessoo Oromoof ollaa isaa waliin isa mudatu furuudha. Adeemsi

sirnaawaan jaarsi araaraa fayyadamu immoo jaarsummaadha. Asirratti, qorattooni baay'een jaarsummaa jaarmiyaa godhanii yeroo fudhatan nimul'ata. Haata'u malee, jaarsummaan adeemsa jaarsi qaroon, sammun bilchaataan dhibdee itti ilaalu malee ofii isaati jaarmiyaa miti. Yaada kana Filee (2021:231) akka itti aanutti mirkaneesee jira. "Jaarsi araaraa akka jaarmiyaatti kan ibsamu ta'ee, miseensi jaarsa araaraa kan filamu namoota hawaasa keessatti beekkamti qabaniifi muuxannoo araaraa qaban lakkofsan mangoo ta'an shan, torba ykn sagal ta'anii filatamu, mangoo ta'unis murtii haqaaf filatama" jedha. Namoonni kunneen kanneen seera Waaqaafi seera aadaa sirriitti beekan ta'uu isaanii Dajanee (2002) dabalee ibsee jira.

Yaadota armaan olii irraa kan hubannu, jaarmiyaan Jaarsa araaraa kun duudhaalee sirna Gadaa Oromoona nagaafi nageenya waaraa (sustain) ittiin buufatu kanneen lufsiisuufi fufsiisuu keessatti gahee olaanaa qaban ta'uudha. Kunis, Jaarsi araaraa gamaa ganamaa waan filatamuuf rakkoo jirtu baasuu 'Ilaa' ykn 'Koottu' jedha. Jaarsi araaraa gamaa immoo 'Ilaamee' ykn 'Dhufe' jedha. Jaarsi araaraa Oromoona nagaaf miira dhukkubbiifi quuqamaan dubbata. Kanas, dubbii kabajamoo Hayilee Gabree dubbatana kana gadiin irraa nihubanna.



**Suuraa1:** Marii Araaraa Mootummaafi ABO Magaalaa Ambootti Taa'ame Irratti Dubbii Nagaa Bara 2020 A.L.A Dubbatan

Dubbii kanaarraa kan hubannu, nagaan hawwiin qofaa osoo hintaane aarsaa kaffaluu, faloo falachu akka gaafatu hubata. Duudhaa Oromootu kana akeeka waan ta'eef Jaarsi/maanguddoon kun kan waltajjii marii araaraafi nagaa irratti dubbatan. Nagaan dhibuun miidhaa qabu sammun nagaa yaadu akki itti hubatuufi nagaan dhibuun balaa qabu argetu kulkulfatee nagaa bifaa kanaan lallaba. Akka duudhaa Oromooti namni aarsaaf hinqalamu, garuu rifatuufi naatoon akka argamuun qaamota walhaban lamaan walitti fiduuf jaarsi kana dubbata. Jaarmiyaa araaraa waan ta'eef waan namoota walhaban lamaan walitti siiqsuu dubbatan.

Kanaafuu, xiinxala rageertota oliitti taasifame irraa kan hubannu haala qabatamaa amma Oromoone keessa jiruun jaarmiyaan Jaarsa araaraa Oromoo bakka itti dhaggeettii dhabe akka jiru hubanna. Jaarsi araaraa nagaa lallabuufi labsuu dhaabe osoo hintaane duudhaaleen Gadaa waan haphataniif falli Jaarsi araaraa kaa'u fudhatama dhabuu akeeka. Kanaaf, jaarmiyaan kun amma bifa Mana Murtii Aadaatiin deebi'ee waan dhaabbate fakkaatus giddu seentummaa qaama siyaasaafi bilisummaa guutuu dhabuun nimul'ata. Jaarmiyaa kana jabeessanii gadi dhaabuun fala waaraa qe'ee Oromoo akka ta'e rageertonni qorannoo kanaa ni akeeku. Humni Jaarmiyaan Jaarsa araaraa kun nagaafi nageenya buusuu keessatti qabu dhaggeettii dhabuun duudhaaleen Gadaa akka laafaan taasisaa jiraachuun qorannoo kanaan bira gahuun danda'amee jira.

### **5.2.2. Qaalluu**

Bu'uura rageertotaan Qaalluuun sirna Gadaa Oromoo keessatti jaarmiyaa Safuun Waaqaa akka eegamu gochuun namoota gidduutti nagaafi nageenyi waaraan akka jiraatu godhuudha. Namni Safuu Waaqaa yoo eege nagaa qabaata. Namni nagaa qabu immoo nageenyaaf balaa miti jechuun jaarmiyaan Qaalluu akka barsiisu eeru. Yaada kana kan cimsu yaadrimée jaarmiyaan Qaalluu Oromoo biratti qabu Gammachuu (1993:208) akka gadiitti ibsee jira.

The Qaalluu can be said to represent an embodiment of all the positive cultural values esteemed by the Oromo. He never curses, only blesses. He never engages in battle, but does not fail to face the challenge when confronted. He does not handle any instrument of death such as a spear. He never wears sandals that cover the heels of his feet. He adheres strictly to all the prescribed taboos. In this sense, the Qaalluu could be said to be the physical manifestation of the ideal son of the Oromo nation.

Ibsa kanarraa akka hubannutti, Qaalluuun Oromoo biratti waan eeyyentaa ta'een fakkeeffama. Nama hinabaaru, waraana keessatti hinhirmaatu, wantoota qara qaban hinqabatu, safuu eeguun waan beekkamuuf namoota kaaniirraa bifa adda ta'een jiraata. Kanaaf, aadaa Oromoo biratti ilmoo dhugaa Oromooti jedhameeti fudhatama. Ta'us, dhiibbaalee amantii, siyaasaafi ammayyummamaa wajjin walqabatee bakki jaarmiyaan kun hawaasa bal'aa keessatti qabu gadi xiqqaachaa dhufee jira.

Akka ragaalee afgaaffiin argame ibsutti, Jaarmiyaa Qaalluutti warra itti buluufi duudhaalee isaan labsan kabaju qofa biratti malee saba bal'aa biratti fudhatmni qaban hir'achuu akeeku. Warri itti bulan waan dhaban, shakkii qaban achitti qulqulleeffachuu nimul'ata. Warri itti dhaqeefi isaan waammateef malee ofii araddaa ofii irraa waan hindeemneef barbaadamummaan isaanii hir'ate jedhu. Dabalataan, maqaa qaalluuun namoonni fakkeessanii hojjetan waan baay'ataniif hangi amanamummaa isaani hanga qaalluu durii irraas gadi bu'uu hubachiisu. Ta'us, kanneen dhugaa Waaqaafi lafaa eegan hojjetan waan jiraniif warra itti buluuf fala ni akeeku.

Kanaafuu, xiinxala ragaalee irraa akka hubannutti, Jaarmiyaa Qaalluu kaleessa safuun Waaqaa akka eegamu barsiisu, nagaa namaafi nama, namaafi uumaa, uumamaafi uumama gidduu akka jiraatu taasisu sun sababa dhiibbalee amantii, siyaasaafi ammayyummaan akka laafu ta'ee jira. Kunimmoo, duudhaaleen Oromoontt itti beekkamu irratti dhiibbaa fidaa jiraachuun hubatamee jira. Warri Qaalluu rakkoon dhalate akka fala argatu gochu qofaa osoo hintaane fuuldurattilee rakkoo dhalachuu danda'u eeru waan ta'eef osoo dhaggeettii qabaatanii waan gumaachuu akka danda'an qorannoo kanaan adda baasuun danda'amee jira.

### **5.2.3. Shanachaafi Saglii**

Bu'uura rageertota irraa argameen jechi 'Shanacha' jedhu yaadrimmee hariiroo siyaasaafi diinagdee Oromooti ofkeessaa qaba. Innis, lakkofsa Shan wajjin walqabatee ibsama. Shanachi yaadrimmee miseensa/gogeessa Gadaa Shananii wajjin deema. Kunis, miseensa/gogeessa Gadaa Shanan (Birmajii, Roobalee, Meelbaa, Halchiisaafi Duuloo) irraa namoonni tokko tokko walitti dhufanii Shanacha/Shanee uumu. Namoonni kunneen dhibdeen gosaa, lagaa, ollaa yoo jiraate adda dureen dubbii ija madaalawaan akka ilaalan ragaaleen argaman ni akeeku. Walitti qabaan isaanii Caffee taa'icha gogeessa Gadaa baallii/aangoo harka jirtuuti jedhu. Kana jechuun isaan hunduu kanneen Caffee godaanani seera waraabbatan ta'anis, dursaan isaanii kan Gadaan geettiin baallii/aangoo harkaa qabuuti. Yaada kana kan cimsu Gammachu (1993:188) akka armaan gadiitti ibsee jira.

This leader or head of the shanacha is responsible for managing the overall affairs of the unit: ensuring its peace and security; discussing natural resource use with the heads of households and allocating labour for the different tasks; settling disputes between the individuals and families and representing their interests at the level of the olla.

Akka yaada kanaatti, dursaan Shanachaa dirqama nagaafi nageenya eeguu, kunuunsa naannoofi fayyadama isaa, nagaa nama dhuunfaafi maati waliin akka buusan gochuufi fedhii isaanii sadarkaa ollaa ibsuu qaba. Haata'u malee, akka Oromoo Tuulamaatti Shanachi murtee jaarsi ollaa ykn biyyaa dadhabe tumaa coffee bu'uura godhachuun furuuf aangoo olaanaa qabu. Nama murtee gosaafi jaarsa biyyaa fudhachuun dide irratti murtoofi adabbii kennuu danda'u. Namoonni kunneen nagaafi nageenya buusuuf carraaqanis humna siyaasaa raawwachisummaa waan hinqabneef kufaatiin jaarmiyaa kana mudataa jira.

Akka ragaaleen argaman ibsanitti, Shanachi dhibdee bakka dheedaa, waldhabdee hannaafi daangaa maatiifi gosaa, gandaafi ollaa gidduu jiru dhugaa gamaa gamanaa qoruun erga baasanii booda dhugaa abbaa dhugaaf akka galtu gochuun nagaan akka bu'u taasisu. Yeroo ammaa humni jaarmiyaa kanaa guddaa ta'uu baatus sadarkaa gandaafi gosa keessa jiraataniin fala hinuma kaa'u. Ta'us jaarmiyaa kana hundeen gadi dhaabuun olguddisuun nagaafi nageenya sabaaf oolchuu hanqatamee jira. Xiinxalli

taasifamees haalli amma jiru jaarmiyaan kun giddu seentummaa siyaasaan laafaa jiraachuu akeeka.

Dabalataan, akka rageertonni agarsiisanitti yaadrimen saglii/saglee Gadaa jedhamu akka Oromoo Tuulamaatti, namoonni Sadeen Tuulamaa (Daacci, Bachoofi Jiillee) irraa Sadii Sadi walitti babba'aniin miseensota uumamuudha. Saglii Gadaa Tuulamaa keessatti waliin taa'anii dhimma gosaa, sabaaifi biyyaa dubbatu, murteessu. Kunis, akka ijaarsa hawaasummaatti ilaallamuu danda'a. Hawaasummaa Oromoo kamiyyuu birattis mana, balbala, aanaa qabaachuun beekkama. Kunimmoo sirna caasaa ijaarsa hawaasummaati agarsiisa.

Haata'u malee, Gammachu (1993) yaadrimee saglii kana ayyaana, maraafimarsaa ji'aan qabee Gadaa Oromoo ibsa. Kanas, Gadaa Oromoo hubachuuf mara Gadaa beekuu nugaafata yaadrimee jedhuun dhiyeessa. Gadaan gogeessa Shan qaba. Gogeessi Gadaa tokko Wagga Saddeetiif aangoo/baallii qabatee tura. Baallii/aangoo kana deebisee argachuuf Wagga 40 eeguu qaba jedha. Ta'us, saglii yaadrimee miseensota sagalii caasaa Gadaa keessaa bahan ta'uu hubachuun barbaachisaadha.

#### **5.2.4. Seera Lukaa**

Bu'uura ragaalee afgaaffii, marii garee xiyyeffatamaafi sakatta'a barruuleen seerri lukaa aadaa Oromoo keessatti waan dhoksaan bakka ragaan hinjirreetti raawwatamu qulqulleessuu wajjin walqabata. Kunis, namni tokko dhoksaan nama ajjeesuu, qabeenyaa namaa saamuufi yakka safuu hawaasaa cabsan dalaguu danda'a. Nama balleessaaakkanaa raawwate immoo seera idileetti fiduun dhugaa baasuun rakkisaadha. Kanaafuu, aadaa Oromoo keessatti jaarmiyaa kana fayyadamuun lukatti galchu. Lukatti galchuun jechuun sirna fira aantee waammatee akka qulqulla'u gochuudha. Seerri lukaa seera kakuuti. Seerri kakuu immoo safuu hawaasichaaf bitamuudha. Seerri kun bu'uura safuu seerota waan Shaniif wabii dhaabbatu ta'uu Tasammaa, (2021) cimsuun ibsee jira. Isaanis: nama ajjeessuu, hatuu, sobuu, sagaagagluufi kofa uummataa saaquudha jechuun ibsee jira. Seerri kun Oromoo biratti bu'uura ta'eeti tajaajila.

Adeemsa kana keessatti namni tokko waan miidhameef nama wayii yoo shakke firri aanteen isaa akka isaaf qulqulleessu gaafata. Firri aanteen kan gara abbaafi haadhaa irraa waamamu. Seera lukaa keessatti firoonni nama shakkame sanaa yeroo itti gaafachuun qoratu. Isaanis,akkana jechuun jaarsolii biyyaa dhimmi sun itti dhiyaate gaafatu.

*Yaa firana erga shakkamne niqulqulloofna. Shakkamaa keenya niqoranna. Yoo akkan shakkamne waan ittiin shakkamne nikaffalla. Yoo akka malee shakkamne dhugaa keenya isinuma irraa barbaaddanna. Waan seera caffen tumteen kakannee qulqulloofna jedhu.*

Yeroo kana jaarsoliin dhimmichi akka qulqulla'uuf dhiyaatan akkana jedhu. "Dhugaan kan abbaa dhugaa haataatu. Waaqni isin haaqulqulleessu" jedhuun. Haala

kanaan guyyaan beellamaan qabamee qulqulleeffatanii itti deebi'u. Yoo namni shakkame sun balleessee argame waan jaarsi bu'uura tumaa caffen itti murteesse adabanii nagaa buusu. Seerri lukaa kun Oromoo Tuulamaa biratti shakkii hannaahanga gumaa lubbuu baasuutti deema. Seera hawaasa biratti baay'ee sodaatamaafi kabajamaadha.

Namni seera lukaatti galuu dideefi murtee jaarsi biyyaa bu'uura seera caffen Gadaa tumteen adabbii fudhatee raawwachuu dide hawaasa keessaa baasuu (social sanction) irratti darba. Murtoon isaaniis akkanatti lallabama. “*Inni nama seera aadaafii seera caafeef buluu dide waan ta'eef ofkeessaa baasaa. Yoo iyye hinbirmatiinaaf, ibidda hinkenninaaf, loon du'e irraa hinkaasin, liqii hinkenninaaf, irraas hinfudhatinaa*” jedhanii maganu. Haata'u malee, yeroo seerota akkanaa ammayyummaan dhiibbaan waan irra gahaniif bakka baay'eetti hojiirra oolaa hinjiru.

Kanaafuu, seerri lukaa kun yeroo ammaa Oromoo Tuulamaa bakka baay'eetti tajaajilaa kan jiru yoo ta'u akkuma ibsame dhiibbaan gama seera idileen jiru akka yaadame adeemsisuu irratti rakkoodha. Yeroo amma mana murtii aadaa keessatti yoo fayyadamaniiis nama didee seera idileen dirqamsiisuu ulfaatadha. Ta'us, akkaataan seerri lukaa itti raawwatamu ulfaataa waan ta'eef hawaasa biratti dhugaa baasuuf mala filatamaa ta'eeti tajaajilaa jira. Jaarmiyaa kana cimsuun jajjabeessuun tajaajila hawaasaaf osoo oole dhugaan ragaa sobaan dhokatee akka hinhafne gochuu keessatti qooda nibahata kan jedhu akeeka xiinxala qorannoo kanaati.

## **6. Ibsa Argannoofi Yaboo**

### **6.1.Ibsa Argannoo**

Akka aadaa Oromootti, nagaan waahalleedha. Kunis, nagaan kennaa Waaqati, eeba, safuu, qalbiidha. Haala jiruufi jirenya guyyuu Oromooti. Oromoont jirenya guyyuu isaa keessatti yoo nagaa walgaafatu, eebbisu, kadhatu, weellisu/faarsu, mammaaku, hiibbifatu, durduriifi seenessa himu yaadrimee nagaa keessaa hindhabu.

Yaadrimeen nagaafi nageenaya duudhaalee Gadaa isaa keessatti ijaarrate safuu, ilaaf-ilaamee, koottu-dhufeefi sii galeefan jedhaa keessatti nagaa maatii, ollaa, gosaa, sabaafi biyyaa akka waaran (sustain) ta'an akeeka. Dabalataan, nagaan dhala namaafi uumaa, dhala namaafi uumama, uumaafi uumama biroo akka jiraatu hawwa, hojjeta.

Duudhaaleen Sirna Gadaa nagaafi nageenya Oromoo waarsan kanneen karaa jaarmiyaalee Sirna Gadaa lufaafi fufaa har'a gahan. Jaarmiyaaleen Sirna Gadaa Kunneenis: Jaarsa Araaraa, Qaalluu, Shanacha-Sagleefi Seera Lukaa ta'uutu adda bahanii hubataman. Haata'u malee, jaarmiyaalee Sirna Gadaa Oromoo dhiibbaawan siyaasaa, hawaasummaa, diinagdeefi amantii keessoofi alaan laafanii humni isaan duudhaalee eeraman hojiirra oolchuun nagaafi nageenya waarsan laafee mul'atee jira. Seenessi akka biyyaatti jiruufi rincicummaan mooraa qabsaa Oromoos duudhaaleefi jaarmiyaalee kanneen irratti dhiibbaa uumuun laaffisaajiraachuuun qorannoo kanaan adda bahee jira.

## 6.2.Yaboo

Qorannoo kana keessatti dhimma duudhaalee Sirna Gadaa nagaafi nageenya Oromoo waarsaniifi jaarmiyaalee duudhaalee kanneen luksiisaniifi fufsiisan irratti ragaan walitti qabamee xiinxala raawwateen yaadonni murtoo adda bahan ni jiru. Yaadota kanneen immoo, yaboo armaan gadii akeekamanii jiran.

- Oromoone duudhaalee waliigaltee (harmony) eegaan Safuu, Ilaaf-Ilaamee, Koottu-Dhufefi Sii-galeefan jedha jedhan qaba. Duudhaalee kanneen kaleessa sadarkaa maatii kaasee hanga biyyaatti nagaafi nageenya ofii waarsuuf fayyadama ture. Duudhaalee kanneen aangoo siyaasaafi bulchiinsaa keessatti osoo fayyadamnee qe'ee Oromootti nageenya waaraa ijaaruu dandeenya.
- Jaarmiyaaleen Sirna Gadaa Jaarsa Araaraa, Qaalluu, Shanacha-Sagliifi Seera Lukaa jabeessuun ijaarsa nagaafi nageenya keessatti osoo fayyadamne dansa. Fakkenyaaf, mana murtii aadaa Mootummaa yeroo ammaa hundeessee dhiibbaa fedhii siyaasaa irraa bilisa gochuun duudhaaleen akka hojjetan osoo jajjabeeffamanii kan jedhuufi
- Aadaa nagaafi nageenyaa Oromoone qabu siyaasa ammayyaafi seenessa ammee keessatti deebisanii osoo ijaaranii qe'een Oromo nagaafi nageenya waaraa argatti kan jedhan yaboo qorannoo kanaati.

## Wabiilee

Abdurahman Abdulahi (2019). *The Gada System and the Oromo's (Ethiopia) Culture of Peace*. No.2, World History.

Asebe Ragassa & Tadesse Jaleta (2018). “*Peace is not a Free Gift*”: Indigenous Conceptios of Peace among the Guji-Oromo in Southern Ethiopia; NEAS. Vol. 18. No.1-2, pp. 201- 230; Published by Michigan State University Press.

Asmarom Legesse (1973). *Gada Three Approaches to the Study of African Society*. New York and London: The Free Press.

Bartels Lambert (1983). *Oromo Religion: Myths and Rites of the Western Oromo of Ethiopia –An Attempt to Understand*. Berlin; Dietrich Reimer Verlag.

Debela Fituma (2017). Indigenous Mechanisms as a Foundation for AfSol Comprehension: Lessons from Gadaa System of the Oromo Nation in Ethiopia, Sociology and Anthropology 5(5), (379-387).

Dejene Gemechu (2002). *Some Aspects of Conflict and Conflict Resolution among Waliso Oromo of Eastern Macha, With Particular Emphasis on the Guma*. Addis Ababa University: MA Thesis, Unpublished

- Dirribii Damusee (2016). *Ilaalcha Oromoo*. Barruu Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo; Ilsabaa Publishing, Finfinnee.
- Dorson R.M. (1963). Current Folklore Theories. *Journal of current Anthropology* Vol, No, 1. (pp. 93\_112), <http://www.jstore.org>,
- Elfineh Udessa (2020). Applying Orature to Embed the Gada Values into Peacebuilding and Conflict Transformation: The Case of Guji Oromo Gada Systema. *Journal Of Indigenous Knowledge and Development Studies*. [www.bhu.edu.et/jikds](http://www.bhu.edu.et/jikds).
- Filee Jaallataa (2016). *Beekumtaa Oromoo I (Oromo Folklore)*. Finfinnee; Mana Maxxansaa Raajii.
- Gemechu Megersa (1993). *Knowledge, Identity and the Colonizing Structure the Case of the Oromo in East and Northeast Africa*. University of London: PhD Thesis, Unpublished.
- Gemetchu Megersa (1996). *Oromumma: Tradition, Consciousness and Identity in Becoming Oromoo: Historical and Anthropological Enquiries* . United State: the Red sea Press, Inc.
- Mekuria Bulcha (2011). *Contours of the Emergent and Ancient Oromo Nation Dilemma in the Ethiopian Politics of State and Nation-Building*. Cape Town; Printed by Creda Communication Eliot Avenue, Epping II.
- Tadesse Barisso (2018). The Oromo Gadaa System: Why Considered Democratic? *In the Gadaa Journal/Barruulee Gadaa: Vol.1;* (pp. 1-8).
- Tasammaa Taa'aa (2014). *Seenaa Hundee Oromoo*. Finfinnee: ከትመት ፊርማ አስተዳደር  
ፖ.የተ.ማግ’በር::
- Tsega Etefa (2012). *Integration and Peace in East Africa: A History of the Oromo Nation*; Palgrave Macmillan; New York.
- United Nations (2020). *The State of Global Peace and Security: In Line with the Central Mandates Contained in the Charter of the United Nations*. Report of the Secretary General. New York: United Nations Publications.